



**Nami chufti ya daba tolce, guddina  
Waaqa hanqate.**

**(Rumi 3: 23)**

**Nuun chufti ya aka holiye gargari  
banne, chufti ya kara ufi gula gorre.**

**(Isaya 53: 6)**

**Nami chufti maro toko challa dua,  
ammo eegi suni Waaqi nama qora.**

**(Ebrania 9: 27)**

**Gatiin daba duisa.**

**(Rumi 6: 23)**

**Yo nami maro lameeso d'alate male,  
dandae guddina Waaqa inargu.**

**(Yohana 3: 3)**

**Nafi nafa d'ala, lubbuun lubbu d'alti.**

**(Yohana 3: 6)**

**Kara toko jira, ka qajeela namaa  
fakaatu, ammo mummeen isa kara  
duisat.**

**(Mammaasa 14: 12)**

**Nami d'uga inargatu maro seera  
Waaqa gutuuf.**

**(Galatia 2: 16)**

**Eeba Waaqatiin issan baasani, maro  
d'ugefacatiifi; maro huji teesanitiiniti  
ammo galata Waaqaat. Tanaafi  
woonti issan ufi guddiftaniif injirtu,  
waan issan woma tokole intolcinneef.**

**(Efeso 2: 8–9)**

**Yeson waan jed'e, Karaan ana,  
d'ugaaf jireenileen ana; nami tokoleen  
gara Abba ind'aqu anaan d'aqu male.**

**(Yohana 14: 6)**

**Bahisi isa challa keesa jira; woonti  
akanatiifi nami d'ibiin ka Waaqi  
namaa kenne lafa kees injiru, ka nu  
maqa isatiin baafamnu.**

**(Huji Ergattu 4: 12)**

## **Tanaafi**

### **Daba iraa deebii**

Waaqi amma nama chufaan, Daba iraa deebia jecu jira.

(Huji Ergattu 17: 30)

### **D'ugefad'u**

Aabo Yeso d'ugefad'u, duuba imbaafamta wora kanke chufa woliin.

(Huji Ergattu 16: 31)

### **Daba kanke Waaqati himad'u**

Yo daba keena Waaqati himanne, inni ka d'ugefataniifi ka d'ugaat, daba keena nu araraame chubbu chufa nura qulqulleesa.

(1 Yohana 1: 9)

### **Nama chufa durati, Anini ka Kristo jed'i himad'u**

Yo atini afan keetiin, Yeson Aabo jette, ammalle aka Waaqi duusa keesa isa kaase d'ugefate, imbaafamta.

Woonti akanatiifi yo nami gara ufitiin d'ugefate inni d'uga argata; yo afan ufitiin himate baafama argata.

(Rumi 10: 9-10)

✓ Borana Oromo Kenya Ethiopia

**Waaqi aka nu dalansu isatiin gargallu nu imfohanne, ammo aka baafama argannu Aabo Yeso Kristo keesa, ka nuufi due.**

**(1 Thesalonike 5: 9–10)**

**Waaqi guddo lafa jaalate, tanaafi ilma ufi tokoca namaa kenne, aka nami tokoleen ka isa d’ugefatu imbanne, ammo jireena hegeri argatu.**

**(Yohana 3: 16)**

**Aaboon ya hameena keenia chufa isa gubba kaye.**

**(Isaya 53: 6)**

**Kristoni ya maro tokotu maro dabatiifi due, nami d’ugaan maro nama d’uga inqamneefi, aka Waaqati nu deebisu.**

**(1 Petro 3: 18)**

**Toli Waaqa jireena hegeriti maro Kristo Yeso Aabo keenatiifi.**

**(Rumi 6: 23)**

Yeson kurfo jira aka ammaf hegerile  
wora isa gula Waaqati d'ufu baasu,  
maro inni haga hegeri jirufi, aka  
Waaqa woraa kad'atuufi.

(Ebrania 7: 25)

Inni jigu issan d'owe, wolaala male  
gammadaan guddina isaati issan  
geesu dandaa.

(Yuda 24)

Waan isa gargalcani ilaalataniifi, inni  
wora ilaalatani qarqaru dandaa.

(Ebrania 2: 18)

Hojja nami Kristoon taka tahe, inni  
umama haraa: woonti dulatiin ya  
dabarte, haretiin ya d'ufte.

(2 Korintho 5: 17)